# Sagantaa WIC Minnesota: Mirga fi Itti Gaafatamummaa

09/2024

## WIC irraa mal akka eegdu

**Barnoota Haala Soorrata.** WIC yaadaa fi gorsa maatii keessan karaa fayya qabeessa ta'een sooruu isin gargaaru isiniif kenna.

**Odeeffannoo.** Kunuunsa fayyaa, talaallii fi sagantaalee biroo akka argattan isin gargaarra.

**Nyaata WIC.** Nyaata fayya qabeessa bitachuuf Kaardii WIC isiniif kennina.

**Ilaalcha Walqixxee.** WIC fi hojjettoonni mana kuusaa sanyii, halluu, umrii, madda sabaa, qaama miidhamummaa, yookaan saala (eenyummaa saalaa fi fedhii saalaa dabalatee) osoo hin ilaalin wal qixxaa isin tajaajilu. loogiin isin irratti akka raawwatame yoo isintti dhaga'ame, USDAtti (dugda duuba ilaala) komii dhiyeessu dandeessu.

**Kan Argatan.** Yoo afaan hiikkaa barbaaddan nuuf himaa – tajaajilli afaan hiikaa bilisaan ni argama. Yoo qaama miidhamummaa qabaattan, bakki jireenyaa ni mijeefama.

**Haqummaa.** Tajaajilla WIC argachuuf ulaagaa WIC guutuu keessan fi dhabuu keessan irratti hojjettoota WIC waliin walii hin galle yoo ta'ee dhaddacha gaafachuu ni dandeessu.

**Itti Fayyadama Odeeffannoo.** Odeeffannoon isin WICf kennitan kan dhuunfaa dha. Isin yookaan daa'imni keessan WIC argachuuf ulaagaa guutuu qabaachuuf dhiisu keessaan murteessuuf fi akkamitti akka gaariitti isin tajaajilu dandeenyu ni fayyadama. Odeeffannoo guutuu malee, WIC isiniif mirkaneessuu dhiisu ni dandeenya. Odeeffannoo keessan ni eegna, yoo eyyemamaa gadhiisuuf mallatteessite malee yookaan seeraan akkas gochuun nu irraa barbaadame malee WIC ala hin qoodnu. Gabaasa fi odiitiif illee fayyadamuu ni dandeenya, garuu maqaan keessan hin fayyadamu.

**Gara Naannoo biraatti jijjiirachaa jirtuu?** Tajaajilli WIC keessan achitti itti fufa. Osoo hin deemin dura nutti himaa nutis beeksisa jijjiirraa akka fudhattan isniif kennina.

## WIC n maal akka siraa sirraa eegu

**Beellama Eegaa.** Maaloo yoo sagantaa jijjiiruu barbaaddan kilinika WIC keessaniif bilbilaa.

**Kabaja waliigalaa.** Hojjettoota WIC fi mana kuusaa kabajaa fi ilaafi ilaamee ilaalaa.

**Kaardii WIC keessan sirritti fayyadamaa.** Kana jechuun:

- Kaardii WIC, nyaata, paampii harmaa, yookaan foormulaa kee hin gurgurin, yookaan gurguruuf, daldaluuf, yookaan kennaadhaaf hin dhiheessiin.
- Manneen daldalaa WICn mirkanaa'an irraa bitadhaa.
- Nyaata Faayidaa herrega kessan kessa fi guyyoota murtaa'an keessatti qofa jiruu bitadhaa.
- Faayidaan nyaataa yeroon isaa darbe yookaan furame bakka buufamuu hin danda'u.
- Nyaata yookaan foormulaa WIC maallaqaan, liqiidhaan, yookaan meeshaalee gatii walfakkaataatiin hin jijjiirinaa yookaan hin deebisin.
- Yoo kaardii keessan badee, hatamee yookaan barbadaa'e WIC beeksisaa.
- Kaardii WIC fi PIN keessan haala gaariin eegaa. PIN keessan warra kaardii keessan akka itti fayyadaman hayyamtan qofaaf qoodaa.
- Yeroo tokkotti kilinika WIC tokko qofa irraa kaardii WIC argadhaa.
- Seerotaa fi akkaataa itti fayyadama Kaardii WIC bakka bu'oota WIC keessaniif ibsaa.

**Amanamummaa.** Faayidaa WIC argachuuf odeeffannoo sobaa yoo kennite yookaan dhoksite, saganticha irraa kaafamuu dandeessa, nyaata silaa argachuu hin qabneef maallaqa deebisuu qabda yookaan himannaa seeraa si mudata

Akkaataa seera mirga lammiilee federaalaa fi dambiiwwanii fi imaammata mirga lammiilee Ministeera Qonnaa U.S. (USDA) tiin, dhaabbati kun bu'uura sanyii, halluu, madda sabaa, saala (eenyummaa saalaa fi fedhii saalaa dabalatee), qaama miidhamummaa, umurii, yookaan sochii mirga lammilee kanaan dura raawwatameef haaloo ba'uu yookaan gocha haaloo ba'uu irratti hundaa'uun loogii akka hin raawwanne dhorkaadha.

Odeeffannoon sagantichaa afaanota Ingiliffaatiin ala ta'een akka dhiyaatu taasifamuu ni danda'a. Namoota qaama miidhamtoota odeeffannoo sagantaa argachuuf mala qunnamtii filannoo barbaadan (fkn, Bireelii, maxxansa guddaa, teeppii sagalee, Afaan Mallattoo Ameerikaa), kutaa biyyaa itti gaafatamummaa qabu yookaan ejensii naannoo saganticha bulchu yookaan Giddugala TARGET USDA (202) 720-2600 (sagalee fi TTY) qunnamuu qaba yookaan karaa Tajaajila Rileey Federaalaa (800) 877-8339 qunnamuu USDA qabdu.

Himata loogii sagantaa dhiyeessuuf, Himatamaan tokko Unka AD-3027, Unka Iyyannoo Loogii Sagantaa USDA kan toora interneetii irraa argachuu dandeessan guutuu qaba: https://www.usda.gov/sites/default/files/documents/ad-3027.pdf, waajjira USDA kamirraayyuu, (866) 632-9992 bilbiluun, yookaan xalayaa USDAf barreessuudhaan. Xalayaan kun maqaa iyyata, teessoo, lakkoofsa bilbilaa, fi ibsa barreeffamaa gocha loogii raawwatame jedhame bal'inaan gahaa ta'een maalummaa fi guyyaa sarbama mirga lammumma jedhame Gargaaraa Barreessaa Mirgoota lammumma (ASCR) beeksisuuf qabaachuu qaba. Unki AD-3027 guutame yookaan xalayaan USDAf kataa gadii dhiyaachuu qaba:

1. **Xalayaa:**
   Ministeera Qonnaa U.S
   Waajjira Gargaaraa Barreessaa Mirgoota lammumma
   1400 Independence Avenue, SW
   Waashingitan, D.C. 20250-9410; yookaan
2. **Faaksii:**
   (833) 256-1665 yookaan (202) 690-7442; yookaan
3. **Imeelii:**
   program.intake@usda.gov

Dhaabbanni kun carraa walqixaa kan kennudha.